Australian Government

COVID-19 VACCINATION

# Korboo (form) Heeyyama talaallii COVID-19

Osoo unkaa kana hin guutin dura, waraqaa odeeffannoo waa’ee talaallii fudhattuu dubbisuu kee mirkaneeffadhu: Vaxzevria (AstraZeneca), Comirnaty (Pfizer), Spikevax (Moderna) yookan Nuvaxovid (Novavax).

Yeroo Dhumaatif Kan Haaromfame: Adoolessa 7, 2022

## Waa’ee talaallii COVID-19

Namootni talaallii COVID-19 walitti fufan fudhatanii jiran carraan dhukkubni COVID-19 isaan qabuu baay’ee gadi bu’aa dha.

Australia keessa talaallii gosa afurtu faayidaa irra oolaa jiran. Hundi isaanii nama gargaaruu; miidhaa namatti hin fidan.

Kan ati fudhatuu dandeessa:

- AstraZeneca yookan Novavax yoo umriin kee waggaa 18 yookaan sanaa ol ta’e
- Moderna yoo umriin kee 6 yookaan sanaa ol tahe*
- Pfizer yoo umuriin keessan waggaa 5 yookan isaa ol ta’e*

*Daa’iiman umuriin isaanii waggoota 12 gadi ta’aniif unkaawwan addaa jiru.

Namoota umriin isaanii waggaa 60 gadi tahaniif AstraZeneca irra Pfizer, Moderna yookan Novavax caalaa filatamu.

Namootni hedduun jalqabaa irratti talaallii naqa (dose) lama fudhatuu isaan barbaachisa. Kunis talaallii fudhata jalqabaa (primary course) jedhama.

Namootni micireen qaama isaanii hedduu gadi bu’aa tahe (immunocompromised) miciree ittisa dhukkubaa qaama isaanii keessaa ol dabaluuf talaallii jalqabaa faana kan naqa sadaffaa (third dose) tarii fudhatuu isaan barbaachisa.

Dooziiwwan ittisa dabalan talaalliiwwan walitti fufan jalqabaa booda ji’oota 3 keessatti ni argamu. Dooziiwwan dabalataa ittisa dabalanis (kan doozii arfaffaas jedhamu) akkasumas namoota ibsamaniif ittisa dabalaa jalqabaa booda ji’oota 3 keessatti ni argamu.

- Namoonni umuriin isaanii waggaa 12 fi isaa ol ta’e, doozii ittisa dabalaa Pfizer fudhachuu danda’u.
- Namoonni umuriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta’e, Pfizer yookan Moderna akka ittisa dabalaatti fudhachuu danda’u.

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | | |

- AstraZeneca fi Novavax’n filatamoo miti, garuu namoota umuriin isaanii waggaa 18 ol ta’aniif haalota tokko tokko keessatti faayidaa irra ooluu danda’a.
- Novavax hin galmoofne kanaaf yeroo filannoon mijataa hin jiraanne qofa akka ittisa dabalaatti faayidaa irra oolu danda’a.

Odeeffannoo dabalataatif, marsariitii talaallii COVID-19 Qajeelcha Fayyaa (Department of Health) daawwadhaa: [www.health.gov.au/covid-19-vaccines](http://www.health.gov.au/covid-19-vaccines)

Talaalliin COVID-19 miidhaa kan hin qabne tahuu isaa hubatuudhaaf ogeeysotni fayyaa (Medical experts) qoratanii jiru. Miidhaan inni qabaatu xiqqaa dha. Mallattoon isaa tarii guyyaa talaallii fudhatte si eegale e guyyoota 1 hanga 2 si irra turuu danda’a. Akkuma talaallii yookaan qorsa (medicine) kam iyyuu qabu, tarii miidhaa akka tasaa (rare) fi yookaan hin beekamne qabaatuu danda’a.

Talaalliin AstraZeneca COVID-19 fudhatamee miidhaan akka tasaa (rare) nama irraan geessisu tirombosis (thrombosis) yookaan TTS kan Dhiiga qaama keessaa kantarsu jedhama. Kana jechuun kan dhiiga qaama keessaa kantarsuu (thrombosis) kan lakoysa dhiigaa gadi hir’isu (platelet levels) jechuu dha. TTS erga Pfizer yookaan Moderna fudhatteen booda si hin mudatu.

Pfizer fi Moderna erga fudhataniin booda dhiiti haguuggii onnee (Myocarditis) fi dhidhiitawi hidda onnee (pericarditis) (dhiita onnee - heart inflammation) akka jiru gabaasamee jira. Yeroo hedduu garuu miidhaan isaa saphlaa fi dafees kan fayyuu dha.

Talaalliin erga siif kennameen booda miidhaa sitti dhagahame, waan irraa yaadoftu yoo qabaatte kan tajaajila fayyaa siif kennanitti dubbadhu.

Talaallii fudhatuu keetiin booda torban takka keessatti akkam akka taate si gaafatuuf dhaamsa bilbila harkara irratti (SMS) siif ergama.

Namootni tokko tokko talaallii fudhatuu boodas tarii dhukkubni COVID-19 isaan qabuu danda’a. Kanaaf daddabra dhibee COVID-19 dhaabuuf eegannoo fayyaan ummataa mootummaan naannoo keetii akeeke hordofuu qabada, kunis kan dabalu:

- Wal irraa hiiqa kee eeggadhu – namoota kaan irraa yoo xiqqaate meetirii 1.5 fagaadhu
- Yeroo hunda bishaanii fi saamunaan harka kee dhiqadhu, yookaan qulqulleessituu harkaatti dhimma bahi
- Haguuggoo fuulaa uffadhu
- Yoo si dhukubee mallattoolee dhukubaa utaalloo yookan difkaaka (flu) fakkaatu qabaatte mana turii COVID-19 dhaf laalami.

Akka seerri Australia ajajutti kan talaallii siif kennan Galmeessa Rincicsa Australia (Australian Immunisation Register) irratti ni galmeessan. Galmee talaallii kee sararaa interneetaa irraan akka itti aanu kanatti ilaaluu dandeessa:

- Akkawntii Eegwal'aansaa (Medicare)
- Akkawntii MyGov
- Akkawntii My Health Record (lakkooysa Kaardii Eegwal'aansaatiin (Medicare) yokin kaardii Wal'aansa Matayyaa Mul'iftsuun galmeessuu dendeessa).

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | | |

## Odeeffannoon kennite akkamiin dhimmi itti bahama

Akka itti odeeffannoon dhuunfaa kee itti funaanamu, kuusamuu fi dhimmi itti bahamu sutata kana ilaali, [www.health.gov.au/using-our-websites/privacy/privacy-notice-for-covid-19-vaccinations](www.health.gov.au/using-our-websites/privacy/privacy-notice-for-covid-19-vaccinations).

Yoo talaallii kee faarmasii dhaa fudhatta tahe, faarmaasiin odeefannoo dhuunfaa kee tokko tokko Bulchiinsa Sagantaa Faarmasii (Pharmacy Programs Administrator) waliin qooddatuu barbaachisa. Kunis faarmaasiin baasii maallaqaa Mootummaa Australia irraa ittiin deebisatuuf dhimma itti bahuu danda’a. Waa’ee maaliif akka odeeffannoon kun barbaadamee fi odeeffannoon akkamii akka walitti dabarsamee kennamu sutata sararaa interneetaa gara olii jiru keessatti ibsamee jira.

## Guyyaa talaallii fudhattu

Osoo talaallii hin fudhatin dursii nama talaallii siif kennutti himi:

- Yoo alerjii (allergic reaction), keessattuu dhibee alerjii akkaan hamaa (anaphylaxis):
  - talaalli COVID-19 duraan fudhatte irraa
  - waan talaalliin COVID-19 irraa tlchamu
  - talaallii kan biro yookaan qorsa (medications) irraa alerjii kan qabdu yoo tahe
- Rakkoo rincica qaama keessaa (immunocompromised) yoo qabaatte. Kana jechuun rincici qaama kee keessaa dadhabaa yoo tahe dhibee dhukubaa of irraa dhorkuuf itti cima yookaan ni rakkisa. Talaallii COVID-19 fudhatuu ni dandeessa, garuu yeroo gaariin ati fudhatuu qabdu yoom akka tahe baruuf doktora fayyaa keetti dhubbadhu. Kunis haalaa kee fi haala wallaansa fayyaa kee irratti hundaawa.

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | |

# Adda-baafata Hayyamaa (Consent Checklist)

| Eyyee | Lakki | |
|---|---|---|
| ☐ | ☐ | Talaallii COVID-19 naqa (dose) duraan fudhatte irraa alerjii waan sitti tahe jiraa? |
| ☐ | ☐ | Talaallii kan biroo yookaan qorsa irraa alarjii hamaa kan sitti tahu (anaphylaxis) ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Dhukkuba hamaa kan sitti tahe, kan hogeessotni fayyaa rincica qaamaa (immunisation) qoratuu irratti muuxannoo qaban yookaan ogeessotni addaa (specialist) wallaansaa talaallii COVID-19 naqa (dose) duraanii irraa adda baasatan (sababa biroo si dhukbse kan hin qabaatin) qoratamee jira? |
| ☐ | ☐ | Jeequmsa seelii qaama keessa maastosistosiis (mastocytosis) jedhamu kan alarjii hamaa (anaphylaxix) deebisee sitti kaasu qabaattee beektaa? |
| ☐ | ☐ | Dhukubni COVID-19 duraan si qabee beekaa? |
| ☐ | ☐ | Rakkoo dhiigni qaama keessaa si dhangala'uu ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Dhiiga qaama keessaa akka siif qallisuuf qorsa (medicine) (an anticoagulant therapy) fudhattu ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Rakkoo rincica qaama keessaa (immunocompromised) ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Ati ulfaa? [#] |
| ☐ | ☐ | Dhukubni qufaa, dhukubbii laagaa keessaa, qaama gubaa (layidaa) yookaan dhukubni gosa kam illee sitti dhagahamu ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Duraan talaallii COVID-19 fudhattee jirtaa? |
| ☐ | ☐ | Guyyoota 7 dabran keessa talaallii kan biroo fudhatte ni qabdaa? |
| *Talaallii AstraZeneca kan fudhatan qofaa ilaala:* | | |
| ☐ | ☐ | Dhibee dhukubaa dhagala'a gosa dhiigaa qaama keessaa (capillary leak syndrome) si argatee beekaa? |
| ☐ | ☐ | AstraZeneca naqa (dose) duraa fudhattee dhibee kantara dhiigaa (thrombosis) kan lakoysa gosa dhiigaa hir'isu guyyoota 42 gidduutti qabaattee beektaa? |
| ☐ | ☐ | Dhibee kantara dhiigaa sammuu keessaa (cerebral venous sinus thrombosis) qabaatee beektaa? * |
| ☐ | ☐ | Dhibee rakkoo wal'aansa gosa heparin (heparin-induced thrombocytopenia) qabaattee beektaa? * |
| ☐ | ☐ | Dhibee rakkoo kantara dhiiga hidda dhiigaa mudhii keessaa (abdominal veins) qabaattee beektaa? * |
| ☐ | ☐ | Dhibee rakkoo kantra dhiigaa miila, irree, somba keessaa (antiphospholipid syndrome) kan kantara dhiigaa (blood clots) waliin wal qabatu qabaattee beektaa? * |
| ☐ | ☐ | Umriin kee wagga 60 gadii? * |

[#] Dubartoota ulfa ta'aniif talaallii Pfizer fi Mederna filatamoodha. Yoo talaalliiwwan kunneen hin jiraanne, yoo miidhawwan talaallichi fidu caalaa faayidaalen isaa kan caalan ta'an Novavax yookaan

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | | |

AstraZeneca’n faayidaa irra ooluu kennamuu danda’a. Odeeffannoo dabalataatif, ilaali: www.health.gov.au/resources/publications/patient-information-sheet-on-astrazeneca-covid-19-vaccine-and-thrombosis-with-thrombocytopenia-syndrome-tts.

* Namoota garee kana keessa jiraniif Pfizer, Moderna, yookan Novavax talaalliwwan filatamoodha. Yoo talaalliwwan kunneen hin jiraanne, yoo faayidaalen talaallichaa miidhawwan inni fidu caalan AstraZeneca’n faayidaa irra ooluu danda’a.

Odeeffannoo dabalataatif: https://www.health.gov.au/initiatives-and-programs/covid-19-vaccines/advice-for-providers/tts ilaalaa.

Warreenn Pfizer yookaan Moderna fudhatan qofaa ilaala:

| | | |
|---|---|---|
| ☐ | ☐ | Pfizer yookaan Moderna duraan fudhattan booda dhibee dhukkuba dhiita haguuggii onnee (Myocarditis) fi/yookaan dhidhiitawi hidda onnee (pericarditis) qabaatuun kee beekamee jira? |
| ☐ | ☐ | Dhibee dhukkuba dhiita haguuggii onnee (Myocarditis) yookaan dhidhiita hidda onnee (pericarditis) baatilee sadii dabran keessatti qabaattee beektaa? |
| ☐ | ☐ | Dhibee dhukkuba gubaa cimaa laphee irraa (acute rheumatic fever) yookaan dhukkuba onnee keessaa sitti cime (acute rheumatic heart disease) ammatti ni qabdaa? |
| ☐ | ☐ | Dhukuba onnee hamaa ni qabdaa? |

Gaaffilee kanaa ol jiran tokkoo isaatti **Eyyee** jedhtee deebistee jirta yoo tahe, tarii Pfizer yookaan Moderna fudhatuu dandeessa, haa tahu malee, yeroo akkamii fudhatuu akka qabduu fi eeggannoo dabalaa si barbaachisu tarii yoo jiraateef GP, Ogeessa addaa rincica qaamaa (immunisation specialist) yookaan ogeessa qorata fayyaa onnee (cardiologist) jalqabaa itti dubbadhu.

Kan haaressame: Adoolesssa 7, 2022

# Odeeffannoo tajaajilamaa Patient information

| | |
|---|---|
| Maqaa: | |
| Lakoysa Medicare: | |
| Lakoysa addaa Fayyaa Matayyaa (Individual Health Identifier: | |
| Guyyaa dhalootaa: | |
| Teessoo (Address): | |
| Lakoysa bilbilaa: | |
| E-mail: | |
| Saala (Gender): | |
| Afaan Manatti dubbattu: | |

| | |
|---|---|
| Maqaa: | |
| Lakoysa Medicare: | |

| | |
|---|---|
| Maqaa: | |
| Biyya itti dhalatte: | |

Ati Aboriginal fi/yookaan Torres Strait Islander dhaa?

- ☐ Eyyee, Aboriginal qofa
- ☐ Eyyee, Torres Strait Islander qofa
- ☐ Eyyee Aboriginal fi Torres Strait Islander
- ☐ Lakki
- ☐ Deebisuu hin barbaadu

| | |
|---|---|
| Fira sitti aanu (yoo rakkoon jiraate itti himamu): | |
| Maqaa: | |
| Lakoysa bilbilaa: | |

## Talaallii COVID-19 fudhatuuf hayyamuu

☐ Talaallii COVID-19 ilaalchisee odeeffannoo naaf kennamuu fi hubatuu kiyya nan dhugooma.

☐ Wanneen kanaa olitti ibsaman akka ana hin ilaalle, yookaan kan ana ilaalu kanneen tajaajila fayyaa yeroo hunda anaaf kennan fi/yookaan kan talaallii anaaf kennan waliin haala fayyaa kiyyaa waliin mariyatuu kiyya nan dhugooma.

☐ Talaallii COVID-19 (gosa tokko naqa lama (two doses of the same vaccine) fudhatuuf itti waliif galeen jira.

| | |
|---|---|
| Maqaa tajaajilamaa (Patient's name): | |
| Mallattoo tajaajilamaa (Patient's signature): | |
| Guyyaa: | |

☐ Ani warra nama Tajaajilli kennamuufii yookaan bakka bu'aa murtii kennuu danda'uu fi namni maqaan olitti ibsame akka talaallii COVID-19 kennamuufiif itti waliif galeen jira.

| | |
|---|---|
| Maqaa kunuunsaa/bakka bu'aa murti kennaa: | |
| Mallattoo kunuunsaa/bakka bu'aa murti kennaa: | |
| Guyyaa: | |

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | | |

# Talaallii kan kennan dhimma itti bahan:

**Doozii (Dose) 1:**

| | |
|---|---|
| Guyyaa talaalliin kenname: | |
| Sa'aa itti kenname: | |
| Gosa talaallii COVID-19 kenname: | |
| Lakoysa tokkishee (Batch no): | |
| Lakoysa tarreessa (Serial no): | |
| Bakka talaalliin itti kenname: | |
| Maqaa nama talaallii kennee: | |

**Doozii (Dose) 2:**

| | |
|---|---|
| Guyyaa talaalliin kenname: | |
| Sa'aa itti kenname: | |
| Gosa talaallii COVID-19 kenname: | |
| Lakoysa tokkishee (Batch no): | |
| Lakoysa tarreessa (Serial no): | |
| Bakka talaalliin itti kenname: | |
| Maqaa nama talaallii kennee: | |

**Doozii (Dose) 3 dabala (booster):**

| | |
|---|---|
| Guyyaa talaalliin kenname: | |
| Sa'aa itti kenname: | |
| Gosa talaallii COVID-19 kenname: | |
| Lakoysa tokkishee (Batch no): | |
| Lakoysa tarreessa (Serial no): | |
| Bakka talaalliin itti kenname: | |
| Maqaa nama talaallii kennee: | |

*Awustiraaliyaa keessatti itti fayyadama talaalliiwwan COVID-19 ilaalchisee, qajeelfama kiliinikaa ATAGI ilaalaa: https://www.health.gov.au/initiatives-and-programs/covid-19-vaccines/advice-for-providers/clinical-guidance

Kan haaressame: Adoolessa 7, 2022

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaa: | | | | | | | | | | | | |
| Lakoysa Medicare: | | | | | | | | | | | | |